

## Mammaaksota Oromoo Qubee “Q” n Jalqaban.

- 1 Qaallu salphattu nama du’utti waaman
- 2 Qalbii malee ijji hin argitu
- 3 Qaroo dhabeessi “maal barbaadda” jennaan “ifa” jedhe
- 4 Qarri qara hin muru.
- 5 Qeerransa eegee hin qaban, qaban gadi hin dhisan
- 6 Qeesii mataa sabbataa amajaaja dabboo sanbataa jedhu.
- 7 Qilleensarratti mana hin ijaaran.
- 8 Qoree dur dirteef hiyyessi okkola
- 9 Qottoon maal nu godhe, kan nu miidhe muka keenya isa jallate jedhe mukni jigan jedhan.
- 10 Quncean wal gargaartee arba hiiti.
- 11 Qunnii buqqisaniit, abaabilleetti darbu.
- 12 Qunxur mana fixxee cimmiif mana gattii, jedhan.
- 13 Quufan malee hin utaalani utaaalan malee hin cabani.
- 14 Quuqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka